# Baroota Waldaa Torbanii

## Boqonnaa Kudhan

## Cuunfaa Barootaa Gabaabinaan

Qorannoon keenya lakkoofsa lakkoofsaan barreeffamoota bara torban ilaalan calaqqisiisuu waan tureef, akka silaa gochuu qabnutti seenaa waldaa wal duraa duubaan wal qabsiifnee hin keenye. Kanaaf, kaayyoon keenya ammaa boqonnaa kana fudhachuudhaan, bara Efesoon irraa jalqabnee baroota waldaa hundumaa waldattii fi seenaa waldattii akka Hafuura Waaqayyootiin Yohaannisitti kennametti ni tarreessina. Waanuma duraan qabnu walitti hidhaa deemnas malee meeshaalee dubbisaa haaraa itti hin daballu.

Qorannoo keenya keessattis irra caalaan mul'atichaa guutummaatti akka hin hubatamin bira geenyeerra, sababiin isaas 'waldaan' Macaafa kana keessatti isheef dubbatamee fi isheetti dubbatame 'ekleeshiyaa (ekklesia)' ishee qulqulluu 'fo'atamte', ishee 'dhagna Kiristoos, 'misirroottii' akka taatee duraan hin beeknu turre, inni garuu guutummaa dhagna namoota kiristaana jedhaman hundumaatti, warra dhugaas ta'e warra akkasumaan deddeebi'anitti dubbata. Akkuma Isaraa'eloonni hunduu Isaraa'el HIN TAANE, kiristaanonni hunduus Kiristaanota MITI. Kanaafis waldaan kiristaanaa muka wayinii lama, kan dhugaa fi kan sobaa irraa akka ijaaramte baranne. Wayiniin lamaan kun hafuurota gosa lamaan geeggeeffamu; inni tokko hafuura qulqulluun, inni kaan immoo hafuura mormituu Kiristoosiin geggeeffama. Lamaanuu Waaqayyoon beekna, Waaqayyos nu beeka jedhu. Lamaanuu Waaqayyoof dubbanna jedhu. Lamaanuu dhugaa bu'uuraa tokko tokko ni amanu, kaan irratti immoo wal dhabu. Garuu lamaanuu maqaa Gooftaa waan baataniif, Kiristaanota waan jedhamaniif, maqaa kana baachuudhaan salphumatti Isaatti hidhamneerra ofiin jedhu (Waaqayyo isa kanaan gaa'ila jedha), egaa Waaqayyo lamaaniifuu itti gaafatamummaa waan qabuuf lachuutti dubbata.

Itti dabaluudhaanis, mukti wayinii lamanuu hamma dhuma barootaa isa bilchaatanii itti sassaabamaniitti wal cina akka guddatan hubanneerra. Wayiniin sobaa wayinii dhugaa mo'ee hin balleeessu, gama biraatiin, wayiniin dhugaas wayinii sobaa gara hariiroo fayyinaa Yesuus Kiristoositti fiduu hin danda'u.

Dhugaa hunda caalaa dinqisiisaa ta'e tokkos baranneerra, innis Hafuurri Qulqulluun kiristaanota wayinii sobaa lammata hin dhalatin irra bu'ee humna milikkitaa fi dinqii garaa garaa agarsiisisuu akka danda'udha; akkuma Yihudaan seexana ta'ee utuma jiruu, Hafuura Qulqulluu isa keessa tureen tajaajila murtaa'aa qaba turee.

Qajeelfamoota kana yaada keessa galchuudhaan waldaa baroota torban garaa garaa keessa jiranii faana dhoofna.

Waldaan Kiristaanaa guyyaa Ayyaana Pheexeqoosxeetti dhalatte. Akkuma misrroo haaraan hanga yeroo xiqqootti hin xuraa'in jirtu harka Waaqayyootiin Addaamiif kennamte, misirroon qulqulluu fi haaraan guyyaa Pheenxeqoosxeetti Addaam lammaffaa isa ta'e Kristoosiifis kennamte; isheenis yeroo muraasaaf adda baatee xuraa'ummaa malee jiraatte.

> *"Warra kaan keessaa garuu namni tokko illee dhimma isaanii keessa lixuudhaaf ija hin jabaanne."*

(Hojii Ergamootaa 5:13) akkasumas,

> *"Gooftaanis guyyaa guyyaatti warra fayyan amantootatti in dabale."*

Hojii Ergamootaa 2:47.

Kun hanga yoomiitti akka itti fufe hin beeknu, garuu gaaf tokko akkuma Hewaan Seexanaan qoramtee sossobamte, waldattiinis hafuura mormituu Kiristoos ishee keessa seeneen faalamte.

> *"Hafuurri akka kanatti Yesusin amanatee hin beeksifne hundinuu garuu, kan Waaqayyoo miti; inni kun hafuura isa Kristosiin mormu, isa isin akka inni dhufu dhageessanii dha. Inni ammumaa biyya lafaa keessa jira."*

1Yohannis 4:3.

Yesuusis waa'ee misirroo Isaa ishee bara jalqabaa keessa jirtuu ilaalchisee akkas jedhe,

> *"Garuu jaalala isa dura qabda turte sana dhiisuu kee si irratti argadheera. Ammas maal irraa akka kufte yaadadhu! Yaada garaa kee geeddaradhu!"*

Mul'ata 2:4-5.

Waldaan baruma jalqabaa keessatti 'dubartii kufte' taate. Seexanni akkuma Addaam dursee Hewaan bira ga'e, ammaas Seexanni 'cidha gaa'ela Hoolichaa' dursee waldaa misirroo Kiristoos sossobe. Wanti ishee gidduu ture kan addatti kufaatii isheef sababa ta'e maali? Mul'aa 2;6,“HOJII WARRA NIQOOLAAWOTAA” ti. Barri jalqabaa sun ammumaan Sagalee Waaqayyoo isa qulqulluu duukaa bu'uu irraa gara gale. Waldaa Waaqayyo barbaadu ishee guutummaatti Isa irratti hirkattu irraa gara galanii (mootummaa namaatiin ala Sagalee Isaa jalqabaa hanga dhumaatti akka raawwatuuf guutummaatti Waaqayyotti hirkachuu), gara Niqoolaawitaanizimiitti, kan jechuunis waldaa keessatti mootummaa namaa kan waanuma mootummoonni hunduu hojjetan godhan qindeessuutti gara galan, seera amantootaaf kan tumus isaani. Isaan waanuma Israa'el goote godhan. Sagalee Waaqayyoo fi Hafuura Qulqulluu dhiisanii faayidaa mootummaa namaa irraa argamu fudhatan.

Duutis ol seene. Akkamitti beekna? Sagalee Hafuura bara jalqabaa sana keessatti ka'ee nama gurra qabu hundumaatti dubbatu hin djageenyu, akka Inni waamamaa jiru. “Isa mo'eef muka ija isaa nyaatanii jiraatan isa jannata Waaqayyoo keessa jiruttii nyaachuu nan kennaaf.” Waldaan durumaanuu muka du'aa (ykn damee waldaa wayinii sobaa) isa dhumni isaa kuufama ibiddaatti gatamuu ta'e keessaa dhugdee gadi fageessiteetti. Garuu amma Kiruubeelonni billaa ibiddaa qabatanii Muka Jireenyaa sana eegaa hin jiran. Waaqayyo akka Eeden gadi dhiisee deemetti amma waldaa dhiisee hin deemu. Oo, lakki, Inni bara hundumaatti hanga bara isa xumuraatti waldaa Isaa gidduu in jiraata. Hanga yeroo sanaattis hunduu akka dhufaniif in waama.

Amma adaraa as irratti of eeggannoo haa goonu. Ergaan ergamaa waldaa Efesooniif ergame kun ergaa waldaa ishee qabatamaatti Efesoon keessa jirtutti ergame miti. Ergaa BARICHA tti ergame dha. Barichis sanyii dhugaa fi sanyii sobaa akkaataadhuma fakkeenya qamadii fi inkirdaadaatiin ibsameetti of keessaa qaba ture. Barri waldaa lafa qonnaa ti, isa keessas qamadii fi inkirdaadatu jira. Waldaa sobduun ni gurmoofte, mootummichaa fi Sagalicha kan namaa gootee, kiristaana dhugaattis lola bante.

Inkirdaadi yeroo hundumaa qamadii ykn biqiltuu misoomsamu kamuu caalaa dafee dagaaga. Bara jalqabaa kana keessatti waldaan inkirdaadaa saffisaan guddatte. Garuu waldaan qamadiis akkasuma dagaagaa turte. Dhuma bara jalqabaatti hojiin Niqoolaawootaa waldaa wayinii sobaa naannoo jirtu keessatti dagaagaa deemuudhaan gara warra dhagna isaanii hin ta'initti hojicha babal'isuuf dhiibbaa guddaa uumuu yaalaaniiru. Dhiibbaa sanas waldaan dhugaa ofitti fudhattee namoonni kabajamoon akka Poolikaarp maqaa kabajaa Sagalichaa wajjin wal hin qabnne biishooppii (bishop) ofiin jedhaa turan. Kana malees bara sana keessatti waldaan dhugaa jaalala jalqabaa hin qabdu turte. Jaalalli sun jaalala misirroo fi dhirsi misirroo tokko gaafa gaa'ila isaanii fi waggoota gaa'ela isaanii gara jalqabaatti walii qabanitti fakkeefame. Jaalala guutuu sana qabbaneessdhaan Waaqayyoon dhiisuutu ture.

Garuu hubadhaa. Mul'ata 2:1 irratti Gooftaan Yesuus waldaa Isaa gidduu akka jiru harka Isaa mirgaatiinis ergamoota qabee akka jiru addeessa. Misirroon kun waan kufteef, korporeeshiniin makaa waldaa dhugaa fi waldaa sobaa amma jiraachuu danda'e , Inni ishee hin dhiisu. Isheen Kan Isaati'o. Akkaataa Roomaa 14:7-9 irratti dubbatuttis sun waanuma sirrii dha.

> *“Nu keessaa tokko illee akeeka ofii isaatiif hin jiraatu; tokko illees akeeka ofii isaatiif hin du'u.*
>
> *Yoo jiraanne, akeeka gooftichaatiin jiraanna, yoo duunes akeeka gooftichaatiin duuna; egaa jiraannus duunus nuyi kan gooftichaa ti.*
>
> *Gooftaa warra du'aniif warra jiranii ta'uudhaaf, Kristoos du'ee deebi'ee jiraate.*

Inni namoota biyya lafaa HUNDUMAA fannoo irratti bite. Isaan kan Isaati. Inni gooftaa warra jiraatanii fi warra du'anii ti. (Akka abbummaatti (ownership) malee akka firummaatti miti.) Egaa Inni dhagna jireenyii fi duuti isa gidduu jiru sana gidduu deddeebi'a.

Wanti bara jalqabaa keessa dhaabame hanga bichaatee haamamutti bara lammaffaas ta'e bara hafan hundumaa keessatti guddataa deema. Kanaafis bara Simiirnaa keessa seenaan guddinaa fi karaa mul'ta Hafuura Qulqulluu ifa argachuu waldaa korporeeshiinii jiraachuun waanuma eegamu dha.

Bara kana keessatti jibbi wayinii sobaa ni dabala. Hubadhaa, isaan (Lakkoofsa 9) garee dhugaa irraa adda of baasan. Isaan isaan sana dhiisaanii ba'an. Isaan sobdoota turan. Isaan waan hin jirreen of waaman. Waaqayyo garuu isaan balleesseeraa? Lakki. “Lamaanuu dhiisaa, hamma gaafa sassaabamaniitti haa deeman.”

“Garuu Yaa Gooftaa saba kee balleessaa waan jiraniif balleeffamuu qabu. Isaan isaan ajjeesaa jiru.”

“Lakki, isaan dhiisi. Misirroo kootiin garuu, 'Hanga du'aatti amanamaa ta'i. Isa duraa caalaatti na jaalladhu' nan jedhaan.”

Wayinii sobaan kun wayinii seexanaa akka ta'e dubbii hin mamamneen baranna. Wal ga'iin isaanii kan isaa (Seexanaa) ti. Maqaa Waaqayyootiin wal ga'u, sobaniis nuyi kan Kiristoosi ofiin jedhu. Ni lallabu, ni

barsiisu, ni cuuphamu, ni waaqeffatu, sirna ayyaana garaa garaa isa Kristoos waldaadhaaf dhaabe irraas ni hirmaatu, haa ta'u malee isaan kan Waaqayyoo miti. Garuu erga isaan nuyi kan Waaqayyooti jedhanii Waaqayyo itti gaafatama fudhatee tokkoon tokkoon bara isaanii keessatti waa'ee isaaniis ta'e isaanittis dubbata. Isaan Bala'aamiin sirriitti nu yaadachiisu. Inni kennaa raajii qaba ture. Horii mudaa hin qabne dhi'eessuudhaan Waaqayyootti dhi'aachuun sirrii akka ta'e ni beeka ture. Ta'us inni RAAJII DUBBII dhugaa hin turre sababiin isaas ulfina Balaaqiif achitti argamuu akka hin qabne Waaqayyo yeroo isatti himetti miira kajeellaa warqee fi mi'a gati jabeessaan oofamee deemuu barbaade. Kanaafis Waaqayyo akka inni deemu godhe. Sababa "kajeellaa garaa" Bala'aamiif fedhi Waaqayyoo inni dirqisiisaan fedha Waaqayyoo isa dirqiisaa hin ta'iniif iddoo gadi dhiise. Waaqayyo dhuguma, "deemi" ittiin jedhe. Waaqayyo yaada isaa jijjiireeraa? Lakki obboo. Bala'aam didus Waaqayyo karaa Ofii Isaatii ni qaba ture. Bal'aam fedha Waaqayyoo hin hambifne. Bala'aamiin ala Waaqayyo karaa Ofii Isaa qaba ture. Dubbii Waaqayyo irra darbee waan deemeef kan kassare Bala'aam ture.

Har'as waanuma sanaan wal fakkaatu qabna. Dubartoota lallaban, jaarmiyaa, barumsa sobaa fi kkf qabna, namoonnis Waaqayyoon waaqeffataa jiru, kennaa Hafuura Qulqulluun geggeeffamanii akkuma Bala'aam fuulduratti deemaa jiru, utuma ergamni isaanii faallaa mul'ata Sagalichaa ta'ee jiruu Waaqayyo nutti dubbateera ofiin jedhu. An Waaqayyo isaanitti hin dubbanne hin jedhu. Garuu akkuma isa Waaqayyoo si'a lammaffaatti Bala'aamitti dubbatee ti. Akkuma isa Bala'aam fedha garaa isaa Dubbicha caalchifannaan Waaqayyos fedha garaa isaa isaaf kennee, dhuma irratti karaa OFII ISAA tti dhimma ba'ee ti; har'as Waaqayyo namoota Dubbicha didanii fedhii garaa isaanii duukaa bu'an ittuma fuufaa deemaa isaaniin jedha. FEDHIIN WAAQAYYOO GARUU KARAA KAMUU NI RAAWWATA. Ameen. Kana ni hubattu jedheen abdadha. Innis waan bara hundumaa keessatti ta'e qofaa ifatti baasa osoo hin taane, addumaan immoo bara dhumaa isa mul'ina hojii hafuuraa fi eebba jireenya foonii baay'ee qabu, isa guutmmaan waqtiisaa 'Fedha-Sagalee-Mul'ata' Waaqayyootiin mormuu kana keessatti ni gargaara.

Barri ergaa sagalee guddusee dhagaassisu aragate yoo jiraate, barichi bara kana. Dhugummaan Kakuu Moofaa, "Ilmi garbittii hanga ari'amutti ilma dubartii ishee birmaduu ni dhiphisa" jedhu tureera, har'as jira. Sunis jibbii fi arrabsoon Seexanni Kristaana dhugaa irratti qabu karaa garee maqaaf itti waamanii, karaa kiristaanota sobaatiin akka dhufuu fi kunis hamma Waaqayyo dhuma bara Laa'odiiqeyaatti wayinii sobaa sana hundeedhaan buqqisutti itti caalaa akka deemu akka beeknu nu taasisa.

Barri sadaffaan Hafuurri raajii mul'ise immoo waldaan biyya lafaa amantii Niqoolaawotaa akka doktiriiniitti akka fudhattu dha. Abbootiin amantii amantoota (laity) irraa addaan of baasuudhaan dhugaa Macaafa Qulqulluu isa jaarsoliin (tiksitoota hoolota naannoo) Sagaleedhaan hoolota bulchu jedhu irraa, gara 'hojii Niqoolaawotaa' isa abbootiin amantii gulantaadhaan walirratti muudamuutti guddate, kunis foormulaa Macaafa Qulqulluu hin taane sirna lubbummaa isa abbootii amantii namaa fi Waaqayyoo gidduutti kaa'utti ol guddate, kunis abbootii amantaatiif mirga guutuu kan kennu yommuu ta'u, mirga Waaqayyo amantootaaf kenne immoo kan irraa mulqu ture. Kunis humnaan jilbeenfachiisuu ture. Bara kana keessatti sun barumsa (doctrine) ta'e. Waldaa keessattis akka waan Sagalee Waaqayyootiin mirkanaa'eetti fudhatame, garuu kan mirkanaa'e hin turre. Abbootiin amantii Sagalee Waaqayyooti haa jedhan iyyuu malee sun barsiisa mormituu Kiristoos ture.

Mootummaa dhala namaa siyaasa qulqulluu fi salphaa waan ta'eef waldaan siyaasa keessa galte. Hirmaannaan kun kan simatame abbaa irree tokkoon—mootii siyaasa waldaa siyaasa mootummaa waliin humnaan walitti hidhuudhaan waldaa sobaa (amantii sobaa isa kan seexaanaa) akka amantii dhugaatti hundeesse. Akkasumas karaa labsii garaa garaa mootota adda addaatiin ba'een waldaan sobaa humna mootummaatiin daran wayinii dhugaa akka balleessite argina.

Wayiniin dhugaa barsiisa kanarraa bilisa ta'uu dhabuun na gaddisiisa. Kana jechuun koo wayiniin dhugaan yaada Niqoolaawotaa akka barsiisaatti hundeessaniiru jechuu koo miti. Sanarraa fagoo dha. Garuu raammoon du'aa xinnoon wayii garuu abdii wayinii dhugaa nan kuffisa jedhuun xuuxuu itti fufteetti. Waldaa dhugaa keessatti iyyuu namoonni Waaqayyoo isin ilaaltota ittiin jedhe maqicha itti gaafatamummaa waldaa naannoof isaanii kennameen olitti dhimma itti ba'aniiru. Yeroo kanatti Phaawulos waldaa keessa jiraachuu hubannoon ifaa ta'e hin qaban ture. Phaawulos, "Isaanis sababii kootiif Waaqayyoof hooqubaa dhi'eessaniiru" jedheera waan ta'eef. Phaawuloos aangoo guddaa yoo qabaate iyyuu, sabni gara Waaqayyoo Isa aangoon hundumaa qabuu akka ilaalan godheera. Abbootiin amantii garuu yeroo hundumaa gara Geggeessummaa Hafuuraa IDA'UU KAN FOONII ilaalaa turan, kanaanis waan ulfinni hin malleef ulfina kennuudhaan waldaan faalsama 'humanism' jalatti kufte. Isaanis Niqoolaantiiziimiin hundeeffame—dhaala ergamootaa (apostolic succession)—tajaajiltoota ramadamuu—paasteroonni sagalee caalmaan filamuu fi kkf'tu hundeeffame, waldaan sobaa gara Bala'aamiiziimiitti ce'uuf tarkaanfii tokko qofatu hafe.Tarkaanfii lammaffaan 'dhoksaa Seexanaa isa gadi fagoodha' jedhamu baruutti ce'uu amma dorrobeera.

Tarkaanfii lammaffaan kun barsiisa Bal'aam, (Mul'ata 2:14 addeeffame) isa Bala'aam 'walga'ii tokkummaa' jedhee Balaaqiin barsiisee ijoollee Isaraa'el gufachiisee ti. Keessummoonni waamichicha dhaqan waan Sagalee Waaqayyootiin mormu lama hojjetan. Balaaq mootummaasaa tikfachuuf gargaarsa

barbaaduu isaa ni yaadattu. Innis nama hafuuraa bara sanatti dorgamaa hin qabne Bala'aamiin ofitti waame. Bala'aamis waan Israa'eliin kiyyootti galchee balleessu isa gorse. Innis, hunda dura, hunduu walitti dhufanii dhimma isaanii irratti akka dubbatan, walii wajjin nyaanyuudhaanis rakkoo isaan gidduu jiru akka furaniif yaada dhi'eesse. Hundaa ol, wal hubannaatu galmaan nama ga'a. Sana galmaan ga'annaan iddoo sanaa deemuu dandeessu. Tarkaanfiin itti aanu walii wajjin waaqeffachuu ta'a, eeyyee, silaas nyaadhuuf dhugii warra cidhaatu keessummaa quubsa jedhama. Egaa wanti waldaa Waaqayyoo Kakuu Moofaa sanarra ga'e waldaa Kakuu Haaraa irras ni ga'e, mootii akka Balaaq kan mootummaa isaa baraaruuf gargaarsa barbaadu waan jiruuf.

Kanaaf Qosxanxinoos, Kiristaanonni akka isa dhaabataniif, akka waan isaan baay'ina qabanii, Kristaan maqaa kan taate Waldaa Kiristaanaa Roomaa Ishee Jalqbaa affeere. Itti ba'iinsi isaas yaa'ii Niiqiyaa bara 325 ta'e. Achitti kiristaanonni dhugaanis warri maqaaf kiristaana jedhaman affeerraa Qosxanxinoosiin walitti fidaman. Kiristaanonni dhugaa Walga'ichuma dhaquun iyyuu isaan irra hin turre. Qosxanxinoos lamaan isaanii tokkoomsuuf yoo dhama'e iyyuu, amantoonni dhugaa iddoo isaaniif hin malle ta'uu waan garaniif addaan kutaanii ba'an. Warra hafaniif garuu, Qosxanxinoos qabeenya mootummaa humna siyaasaa fi huma waraanaatiin dabaalame kenneef. Sabni waaqa tolfamaa fi ekeraa waaqessuu barsiifaman, siidaa maqaa qulqullootaatiin manneen keessa dhaabanii ekeraa dubbisuu namoota barsiisan, yookiis ekereraa dubbisuun waan wal hin caalle qulqulloota kadhachuu isaan barsiisan. Nyaata dhugaa nama barbaachisu Sagalee Waaqayyoo dhiisanii, iddoo Isaa qanoonaa (creed), doogimaa fi sirnoota amantii (rituals) mootummaadhaan hojiirra oolfaman isaaniif dhi'eessan, hundaa ol immoo maqaa kompaaundii sadii isa Waaqayyo Dhugaa Tokkicha ibsuun waaqolii sadii isaaniif kennan, kana malees cuuphaan bishaanii Maqaa Gooftaa Yesuusiin raawwatamu, cuuphaa paagaanii (pagan) maqaa ulfinaatiin cuuphamuuf iddoo gadi dhiise.

Amantoonni dhugaa achi dhaquun iyyuu isaan irra hin turre. Isaan duraanuu waan dhugaa baay'ee dhabaniiru, amma immoo isaanis, hubannoo Fakkaattii Namummaa Waaqayyoo (Godhead) dhabuudhaan, cuuphaa maqaadhaan cuuphamaa turan maqaa kabajaatiin cuuphuutti sobsiifaman.

Amma barsiisa Bala'aam kana eeggannoo guddaadhaan qalbeeffadhaa. Hundaa olitti hubadhaa, innis adeemsa abbaan amantii jal'aan (corrupt) tokko beekaa itti yaadee tooftaadhaan saba ofitti hidhuuti, kanaanis utuma beekuu sabicha gara cubbuu aamanuu diduudhaan dhufuutti oofa. Barsiisi Niqolaawotaa malaanmaltummaa abbootiin amantaa aangoo siyaasaaf walii walii isaanii gidduutti hojjetan yoo ta'u, Bala'aamiiziimiin immoo sabicha ittiin qabuuf qanoonaa (creed) fi waaqeffannaa ittiin saba tokko garboomsanii ti. Amma kana sirriitti duukaa bu'aa. Saba waldaa maqaaf waldaa jedhamtetti hidhee, achitti akka balleeffaman kan godhe maali? Qanoonaa fi doogimaa seera ittiin bulmaata waldaa (tenets) ta'ee tumame dha. Innis barsiisa (doctrine) Waldaa Kaatolikii Roomaa ti. Nyaata dhugaa inni ta'e Sagaleen Waaqayyoo isaaniif hin kennamne. Nyaata waaqa tolfamaa irraa dhufe, paagaaniiziimii Baabiloontu maqaa kiristaanaatiin maramee isaaniif kenname.

Hafuurrii fi barsiisi innumti sun Pirootestaantota hundumaa gidduu kan jiru yoo ta'u, innis DINOOMINEESHIINII jedhama. Niqoolaayitaanizimiin jaarmiyaa dha, Hafuura Qulqulluu irraa aangoo buusanii waldaa geggeessummaa namaa jala galchuu dha. Dinoomineeshinaaliziimiin Bala'aamiziimii dha, innis Macaafa Qulqulluu dhiisanii maanuwaalii waldaa fudhachuu dha. Ammuma hanga sa'aatii kanaatti iyyuu sabni Waaqayyoo baay'een kiyyoo dinoomineeshinaaliziimiitiin qabamanii jiru, Waaqayyos, “Yaa saba ko!, cubbuu ishee irraa akka hin hirmaannetti, dha'icha ishees akka hin fudhannetti, Ishee keessaa ba'aa” jedhee isaanitti iyyaa jira. Hubadhaa, isaan wallaaloo dha. Ol butamuun utuu battala ammaatti ta'ee garuu, firdii Waaqayyo kennuuf wallaalummaadhaan gulantaa hin malle keessatti argamuuf manni murtii ol iyyannoo itti fudhatan hin jiru.

Abbootiin amantii gulantaa tokko irraa gara gulantaa biraatti wal walirratti of gurmeessanii dhumarratti mataa godhanii pirezidaantii kaa'uun calaqqee hafuura mormituu Kristoosiiti waan ta'eef, hammam waan barbaachisaa fi waan ba'eessa haa fakkaatu iyyuu malee. Innis Dubbii Waaqayyoo dhiisanii, sanaa mannaa xiinxala yaada sammuu namaa fudhachuu dha. Akkasumas namni dinoominaashiinii jaarmiyoomte keessa jiru kamiyyuu sirna mormituu Kristoos keessa jira. Mee sirriitti akka isiniif galuuf kana nan jedha. NAMOOTA JIBBUU KOO MITI, SIRNICHA JIBBUU KOOTI MALEE.

Gamtoomuun mootummaa fi waldaa Bara Dukkanaatiif waltajjii mijeesse. Dhugumatti immoo gara waggoottan 1000tiif waldaan beekumsa Seexanaa isa gadi fagoo baruudhaan dukkana limixii keessa seente. Namoonni amantii kamiyyuu Niqoolaawummaa fi Balaa'amummaa lamaan yummuu hammatan, humna siyaasaa, maallaqaa fi qaamaan isaan deeggaru waan argataniif gara waan tokkoo qofatti deemuu danda'u. Innis gara bariisa Iizaabeltti deemuu dha.

Amma maaliif akkas jenna? Sababni isaas akkuma qorannoo bara afraffaatti ilaalle Iizaabeel nama Sidoon turte, isheen intala Etba'aal mootii lubaa Asteertee turte. Inni nama nama ajjeesu ture. Dubartiin kun faayidaa siyaasaatiif Ahaab (Mootii Israa'el) itti heerumte. Sana booda amantii sabichaa haka keessa galfattee Leewwota ajjeesiftee, mana sagadaa ijaarsiftee sabni Asteertee (Venus) fi Ba'aal (Waaqa aduu) tti akka sagadu goote. Isheen barsiisa bocuudhaan luboota ishee barsiifte, isaan immoo barsiisicha

saba fudhachisiisan.

Egaa waldaan maqaadhumaaf waldaa jedhamtu Bara Dukkanaa keessa maal akka turte sirriitti arguu dandeessu. Isaan maqaalee fi maqaalee kabajaa Waaqayyummaa (Godhead) fi seera bu'uuraa Caaffata Qulqullaa'oo muraasa irraa kan hafe guutummaatti Sagalee Waaqayyoo in dhiisan. Macaafa Qulqulluu micciiruudhaan hiika Isaa jijjiiran. Kolleejjiin phaphaasotaa isaanii fi kkf walii galtee qabiyyee bal'aa qabu barreessan, phaaphaasonni Waaqayyo biraa akka waan mul'ata argatanii fakkeessuudhaan iddoo Waaqayyo buunee sabatti dubbanna jedhanii labsan. Kana hundumaas luboonni sodaachisanii saba akka fudhachisaniif luboota barsiisan. Sana mormuun du'a ykn ari'atama durra hamaa isaanitti fida ture. Egaa amma waldaa sagalee caalmaatiin aangoo qabatte, aangoo sanaanis bineensomtee kiristaanota dhugaa lafarraa duguugdee dhiiga wareegamtootaatiin machofte, Sagalee Waaqayyoos baduuf qarqara ga'e. Wayiniin dhugaa garuu qabsaa'ee baraarame. Waaqayyo hoolota muraasa sanaaf amanamaa ta'e, Roomaan foon isaan haa darartu iyyuu malee, Hafuura isaan keessa jiru ajjeesuu hin dandeenye, ifni dhugaa Hafuura Qulqulluu fi humnaan deeggarame deebi'ee ife.

Kun iddoo taajjii guddaa itti taajjabnu dha. Ilaalaa. Hojii fi barsiisi Niqolaawotaa, barsiisi Bala'aamii fi barsiisi raajii sobduu Iizaabel, hafuurota sadii miti ykn seera bu'uuraa hafuura sadii hin miti. Sadanuu mul'ina hojii hafuura tokkichaa isa hojii tokkorraa gara isa kaaniitti gadi fageenyaan baramaa deemamuu ti. Inni walumaa galatti, sadarkaalee sadan jaarmiyaan mormituu Kristoos keessa darbee ijaaramuu ti. Abbootiin amantii erga adda of baasanii of gurmeessanii booda saba cunqursanii gara jaarmiyichaatti oofudhaan achitti hidhu. Jaarmiyaan kun qulqulluu Sagalee Waaqayyoo irratti osoo hin taane qanoonaa fi doogimaa isaan saba barsiisan irratti kan bu'uureffame ture.

Waaqeffannaa keessatti Sirna amantii (ritual) fi sirni ayyaaneffannaaf yeroon dabalamaa deemuudhaan, utuu hin turin guutummaan sirnichaa gara humna waraanaa fi aangoo hojii seexanaa hundumaa dubbiidhaan ykn humna waraanaatiin nama amansiisuutti ce'e. Annisaa immoo Dubbii Waaqayyoo irraa utuu hin ta'in raajii sobaa ofii dubbatu irraa argate. Egaa amma Maqaa Kiristoosiin ol haa seenu iyyuu malee guutumaan guutuutti mormituu Kiristootu ol seene.

Waggoottan dheeraa booda yeroo wanti Dhugaa qabatamaatti waan du'e fakkaatetti, namoonni Waldaa Kaatolikii Roomaa jibbisiiftuu kana mormuu jalqaban, sababiin isaas Waaqayyo gonkumaa barsiisaa fi seera akkasii keessa jiraachuu hin danda'u. Mormiin kun xiyyeeffannoo argachuudhaan kufee baduu irraa baraaramuu, yookaan Roomaadhaan haqamuu keessaa tokkotu isa eeggata ture. Yeros garuu, Waaqayyo gaarummaa ayyaana Isaatiin ergamaa Maartiin Luuter jedhamu ergee haaromsa jalqabsiisise. Inni haala qilleensaa funyoon Waldaan kaatolikii Roomaa ittiin of rarraaftu baay'een isheef kenname keessatti hojjete. Kanaafis yeroo Luuter qajeelummaa amantiidhaan dhufu lallabetti mukti wayinii dhugaa jaarraa hedduu booda yeroo jalqabaatiif haala dinqisiisaadhaan guddachuu jalqabe.

Waldaan maqaa deeggarsaa humna mootummaa waan qabduuf, amma humni mootummaa isheerraa gara galuu jalqabe. Iddoon Luuter itti doggore, iddoo amantoonni dhugaa itti dogooranis asitti. Mootummaan horiidhaan akka isaan diggomuuf hayyaman. Kanaafuu barri kun Sagalicha qabatee fagoo hin deemne. Waaqayyoon haa galatuu hamma deemu deemeera, akka malee aangoo siyaasaatti waan hirkateef garuu, barri kun dhumarratti ni jaarmiyoome, gareen dhaloota Luuter keessaa isheedhumti wayinii sobaa irraa foxxiqee ture immoo, amma intala ejjituu taatee gara Niqoolaayitaanziimii fi Bal'aamiiziimiitti deebite. Barri kun damee walirraa fofoxxoqe baay'ee of keessaa qaba, sanyii dhugaa irraa hammam fagoo akka turan mirkaneessuuf seenaa dubbisuu duwwaadhaan hangam akka wal ari'iachaa turan, dhimmoota tokko tokko irratti immoo hanga wal ajjeesuurrallee akka ga'anii turan ilaaluu qofti ga'aa dha. Garuu akkuma bara hundumaa, bara kana keessas namoonni muraasni maqaa qaban jiru.

Waan tokkicha kanaaf bara kanatti in gammadna. Haaromsi ni jalqabe. Du'aa ka'uu miti haaromsa malee. Iddootti deebifamuus miti. Sanyiin qamadii Niqiyaatti du'ee bara Dukkanaatti awwaalamee ture, amma mutee gurra dhugaa tokko baasuu isaa ti, kunis fakkeenya isa guyyaa tokko, dhuma bara Laa'odiiqeyaatti, dhufaatii Yesuusiin dura, waldaan deebitee Misirroo Sanyii Qamadii ta'uutti, inkirdaadis kuufama ibiddaatti nam'ee gubachuuf walitti sassaabamuu ti.

Barrri shanaffaa karaa maxxansaatiin waliin ga'iinsa guddaa Sagalalee Waaqayyoo waan fideef, barri ja'affaa carraa sanatti fayyadamuuf ariifate. Barri kun sadarkaa iddootti deebifamuu (restoration) isa lammaffaa yoo ta'u akkuma duraa ibsuuf yaalle bara daraaraa ti. Barnoonni ni babal'ate. Barri kun bara namoonni baratan warri Waaqayyoon jaallatan itti Isa tajaajilan ture. Mishiineroonni ni heddummaatan Dubbiin Waaqayyoos addunyaatti facaafame. Barichi bara jaalala obbulummaa ture. Barichi bara balbala banamaa ture. Barichi bara gara dhumaa isa yeroo dheeraa hammate ture, isatti aansees bara baay'ee gabaabaa ta'uuf jiru bara Laa'odiiqeyaatu seene.

Wayiniin dhugaa bara kana keessatti bara kan biraa kam iyyuu caalaa lakkoofsa guddaadhaan biyya keessaa fi alaatti dagaage. Barri kun namoota qulqulloota iddoo ijootti ol baase. Wayiniin dhugaa ni dagaage, wayiniin sobaa immoo ni quucare. Iddoo wayiniin dhugaa deemu hundumaatti Waaqayyo ifa, jireenyaa fi gammachuu kenne. Maalummaan wayinii sobaa ifatti ba'e: dukkana, gadadoo, hiyyummaa,

wallaalummaa fi du'a. Akkuma wayiniin sobaa bara aangoo isaatti wayinii dhugaa ajjeesuu dadhabe, wayinii dhugaas amma wayinii sobaa gara Yesuus Kiristoositti deebisuu dadhabe. Wayiniin sobaa garuu hidda gadi fageeffate, dhuma guyyaa bara isa dhumaa yeroo itti namoota muraasa warra fo'aman irraa kan hafe, wayinii Waaqayyoo isa dhugaa irraan kan hafe, namoota hundumaa mo'ee gara ofiitti deebisuu eegaa jira.

Garuu sosochiwwan gurguddaa Waaqayyoof adeemsifaman hunduu barsiisa Niqoolaawotaa irraa fagaachuu dadhabanii gurmaa'uudhaan akka du'an gochuun isaa bara kanatti akka gaddinu nu godha. Isaan yeros hafuuraan du'anii lafa qoqoree marga dheedumasaa hin qabne denomineeshiiniitti galan. Isaan waa muraasa qofa beeku turan, gareen hunduu garuu dogoggoruma wal fakkaatu hojjetan, ibiddi haaromsaa yummuu qabbanaa'uttis jaarmiyaatu isaan mo'ate sabnis gara dinoomineeshiinii ta'e. Isaan akkuma Waldaa Kaatolikii Roomaa Kiristaanota maqaa qofa turan, gareen hunduu nurraan kan hafe hunduu karaa sirrii hin qaban haa jedhan iyyuu malee. Waltajjichis bara isa dhugaatti intaloonni gara mana isaaniitti, gara Roomaatti, gara indaaqqoo haadhootti akka galaniif kaa'ame.

Kanaafis gara bara isa dhumaatti dhufna: Bara Laa'odiiqeyaa. Barichi baruma keenya kanadha. Yihudoonni Filisxeemitti waan deebi'aniif bara dhumaa akka ta'e ni beekna. Karaa kamiinuu haa ta'uu isaan achi ga'aniiru; achi jirus. Kunis yeroo midhaan waliitti qabuu ykn makarii ti. Garuu midhaanni osoo hin sassaabamin dura bilchaachuu qaba, bilchinni wayiniin lamaanuu bilchaachuu qabu.

Barri Luuteraanii waqtii arfaasaa ture. Barri Wesilii waqtii gannaa yeroo guddinaa ture. Barri Laa'odiiqeyaa waqtii makarii isa inkirdaadi akka gubamutti bissii bissiidhaan walitti qabamuu ti; akkasumas waqtii midhaan Qamadiini Gooftaadhaaf gombisaatti walitti qabamuu ti.

Waqtii midhaan sassaabuu. Yeroo makarri ga'u jala bilchinni midhaanii akka malee haa saffisu iyyuu malee, guddinni hir'achaa deemee dhumarrtti akka dhaabbatu qalbeeffattanii beektuu? Wanti amma argaa jirru kanuma mitii ree? Wayiniin sobaa Koominiistootaa fi gosoota amantii garaa garaatiin namoota sona hedduu dhabaa jirti. Lakkoofsi ishee akka isheen yaaddetti dabalaa hin jiru. Akka duraaniitti namoota qabuu dhiisteetti, yeroo baay'ee of agarsiisuudhumaaf waldaa dhaqu. Wayiniin dhugaa hoo? Isheen hoo? Guddachaa jirtii? Nammoonni baay'een haaromsa itti fufiinsaan fidaa, gaaffii iddoo aarsaatiif deebii kennaa turan meerre? Baay'een isaanii miiraan oofamuu, ykn hawwa waan Hafuuraa caalaa hawwa waan fooniitiin oofamuu mitii? Barri kun isa Nohi dooniitti seenee balbala erga cufatee boodaa, Waaqayyo garuu firdii utuu hin kennin guyyoota torbaaf duubatti harkifatee mitii? Guyyoota callisaa sana keessa namni tokkollee gara Waaqayyootti hin deebine.

Ammas yerichi yeroo makarii ti. Egaa bara kana keessatti warri qamadii fi inkirdaada bilchinatta geessan in dhufu. Barsiisota jal'oo saba Sagalicha irraa kaachisaniin inkirdaadi kanumaan dura iyyuu siffisaan bilchaachaa jira. Garuu qamadiinis bilchaachuu qabda. Isaafis Waaqayyoo Raajii-Ergamaa hojii tajaajilaa mirkaneeffame wajjin ergaa jira, innis warra fo'aman biratti fudhatama ni argata. Akkuma waldaan jalqabaa Phaawulosiin dhageesse isheenis isa in dhageessi, isheen hanga Misirroo Sagalee taatutti Sagalichatti in bilchaatti, hojii gurguddaan qulqulluu Sagalichaan hojjetamu, amantiinis ishee keessatti in argama.

Gareewwan waldaa sobaa Mana Maree Waldoota Addunyaatiin walitti in qabamu. Manni Maree Waldoota Addunyaa kun BIFA FAKKEENYAA BINEENSICHAAF DHAABAMUU TI.

Mul'ta 13:11-18,

> *"Kana malees bineensa lafa keessaa ba'u biraa tokko nan arge; akka hoolaa gaanfa lama qaba, akkuma bineensa akka jawwee sanas in dubbata ture.*
>
> *Bineensi inni lammaffaan kunis aboo bineensi inni duraa qaba ture hundumaan isuma duratti in hojjeta; biyyi lafaa, warra isa keessa jiraatanis bineensa isa duraa, isa rukuttaan du'aan ga'u deebi'ee fayyeef sanaaf akka sagadan in godha.*
>
> *Inni milikkita gurguddaa in argisiisa; ibidda iyyuu ija namootaa duratti waaqa keessaa lafatti gad in buusa.*
>
> *Milikkita bineensa isa duraa sana duratti akka inni argisiisuuf kennameef sanaan, warra lafa irra jiraatan in wallaalchisa; warra biyya lafaa irra jiraatan sana wallaalchisuudhaafis bifa fakkeenya bineensicha billaadhaan rukutamee deebi'ee jiraatee, waaqessuudhaaf akka tolfatan isaanitti in hima.*
>
> *Bifa fakkeenya bineensa isa duraa sanatti lubbuu itti gochuun, bineensa isa lammaffaa sanaaf kennamee ture; kana irraa kan ka'es bifni fakkeenya bineensichaa kun dubbachuu iyyuu danda'ee, hammi isaaf hin saganne akka ajjeefaman in godhe.*
>
> *Bineensichi namni hundinuu, xinnaan, guddaan, sooressi, hiyyeessi, birmaduun, garbis harka mirgaa irratti yookiis adda irratti gubaa akka qabaatu in gochiisiisa.*

*Kana gochuun isaas namni gubaa bineensicha isa duraa, isa maqaa isaa yookiis lakkoofsa maqaa isaa argisiisu of irraa yoo qabaate malee, bituus gurguruus akka hin dandeenyeef.*

*Kana keessatti ogummaan in barbaadama; lakkoofsi kun maqaa namaatiif waan dhaabatuuf, namni sammuu qabu lakkoofsicha lakkaa'ee bira ga'uu in danda'a; lakkoofsi isaa immoo dhibba ja'aa fi jaatamii ja'a."*

Amma yaadadhaa, billaadhaan dha'amee kan kufe Paagaanii Impaayera Roomaa ture. Ishaan garuu yeroo waldaa maqaaf kiristaanaa jedhamtu Waldaa Roomaatti makamtee paagaaniiziimii fi Kiristaanummaa wal keessa suuqxetti dha'icha du'aan ishee ga'u irraa fayyitee, hanga gaafa Yesuus dhufee ishee barbadeessuutti Qulqulluu Impaayera Roomaa ta'uudhaan lubbuu horatte. Garuu Roomaan kophaa ishee hin hojjettu. Intaloonni ishees ishee faana jiru Mana Maree Waldoota Addunyaatiinis guutummaatti aangoo isaan irraa ni fudhatti.

Kun namoota kaanitti waan hin fakkaanne fakkeessuu itti fakkaachuu danda'a garuu hunduu akka hubatutti baay'ee ifaadha sababiin isaas waldoonni siyaasa to'achaa jiran yeroo mijateefitti to'annoon sun hammam jabaa akka ta'e mul'isuuf jiru. Sosochiin ekuueenikaalii kun sabni akkasitti yaaduu baatus Roomaa mataa gochuudhaan goolabama. Kunis kan ta'eef mul'ata 17:3-6 irratti dubartittii ejjituun, Maqaa Dhokataa Baabiloon addattii qabdu bineensicha irra teessee jirti. Isheen impaayera isa dhumaa ykn isa afuraffaa to'achaa jirti. Waldaan Roomaa kun sana gochaa jirti. Sirna waldaa addunyaa ishee jala jiruun Roomaan isaan to'atti, bifi fakkeenyaa kun (sirni waldaa) sababa Roomaan warqee addunyaa to'attuuf Roomaadhaaf ni abboomama.

Kanaafuu sabni hundinuu miseensa sirna waldaa addunyaa ta'uu qabu ykn malikkita bineensichaa harka irraa ykn adda irraa qabaatan malee bituus ta'e gurguruu waan hin dandeenyeef to'annoo sana jala galu. Malikkita adda irraa qabaachuun barsiisa sirna waldaa addunyaa isa ta'e sadan tokkummaa fi kkf fudhachuu yoo ta'u, millikkita harka irraa qabaachuun immoo fedha waldaa addunyaa raawwachuu dha. Humna guddaa kanaan waldaan sirnawwanii waldaa misirroo dhugaa ni ari'atti. Bifi fakkeenyaa kun misirroon akka hin lallabne, akka hin barsiifnee fi kkf gochuu ni yaalti. Tajaajiltoonni ishee jajjabinaa fi dhugaa warra barbaadaniif akka hin kennineef ni dhorkamu. Garuu mormituu Kiristoos sirna waldoota addunyaa guutuutti osoo hin to'atin (fooniin) dura waldaan dhugaa biyya lafaa kanarraa ol fudhatmatee Gooftaa wajjin in taati. Waaqayyo Cidha guddaa Gaa'elaa Hoolichaaf misirroo Isaa ol in buta.

Amma akkuma boqonnaan xumuraa kun Waldoota lamaanii fi hafuurota lamaan Guyyaa Ayyaana Pheenxeeqoosxee irraa kaasee hanga xumuraatti faana dha'uuf kenname, yeroo xumuraa kana fudhannee bara Laa'odiiqeyaa keessatti sana ni agarsiifna.

Barri jalqaba jaarraa digdamaffaatti jalqabe. Bara waldaan dhugaa misirroo Guyyaa Pheenxeqoosxeetti deebituu waan ta'eef, humni daayinaamikii deebi'uun dirqama akka ta'e ni beekna. Miirri kun hafuura amantootaatti waan dhaga'aameef kennaan akka jaarraa tokkoffaa akka isaaniif roobuuf gara Waaqayyootti boo'uu jalqaban.

Kadhannaan isaanii isaaniif deebi'uudhaan afaan haaraa dubbachuu fi kennawaan Hafuura Qulqulluu calaqqisiisuu jalqaban. Taateen kunis IDDOOTTI DEEBIIFAMANII DHAABAMUU (RESTORATION) yeroo dheeraaf eegamaa ture akka ta'etti fudhatame. Inni garuu sana miti, sababiin isaas roobni lammaffaa ykn roobni birraa, rooba arfaasaa ykn rooba BARSIISSUU booda rooba waan ta'eef. Roobni lammaffaan, rooba MIDHAAN SASSAABUU ti. Roobni barsiisaa utuu hin roobin dura kun attamitti ta'uu danda'a? Raajiin-Ergamaan saba BARSIISUUDHAAN garaa ijoollee gara kan abboota Pheenxeqoosxeettii deebisuuf dhufu ammallee hin dhufne ture. Kanaafuu barsiisi iddootti deebisanii dhaabuudhaan dhumarritti ol butamuutti geessu hin dhufne ture. Akkuma adda baafnee isinitti argisiisaa turre, wal makiinsa warri qajeelota hin ta'in eebba Hafuuraa irraa hirmaachuudhaan hojii kennaa Hafuura Qulqulluu mul'isuutu isa keessa ture. Kana malees namoonni seexanaan waan geggeeffamaa turaniif humni seexanaa isa keessa ture, ta'us garuu namni tokko illee kana waan hubate hin fakkaatu ture. Yeros, wanti sun DHUGAA akka hin taane kan mirkaneessus kana, innis, namoonni kun (dhaloonni lammataa iyyuu utuu hin ga'in dura) gurmaa'anii, doktiriinii ofii isaanii kan Caaffata qulqulla'aa hin taane barreessuudhaan akkuma garee isaan dura turan hundaatti dallaa ofitti ijaaran.

Yaadadhaa, yeroo Yesuus lafa irra turetti Yihudaanis lafarra ture. Lamaanuu hafuura garaa garaa irraa dhufan, yeroo du'aatti lamaanuu gara iddoo mata mataa isaaniitti deebi'an. Hafuurri Kiristoos deebi'ee waldaa dhugaa irra bu'e, hafuurri Yihudaa immoo deebi'ee waldaa sobaa irra bu'e.

Innis kunoo Mul'ata 6:2-8 keessa jira,

*"Ani achi ilaaleen farda adii tokko arge; inni fardicha irra taa'e immoo iddaa harkatti qabate; gonfoon tokkos isaaf in kenname. Inni mo'aa, ammas mo'uudhaaf in ba'e.*

*Yeroo hoolichi mallattoo isa lammaffaa bane immoo, uumamni lubbuu qabu inni lammaffaan, "kottu!" jechuu isaan nan dhaga'e.*

*Fardi biraa diimaa biluun tokkos in ba'e; isa fardicha irra taa'eef immoo nagaa lafa irraa balleessuuf, namoonnis akka wal gorra'an gochuun in kennameef; akkasumas billaan guddaan tokko isaaf in kenname.*

*Yeroo hoolichi mallattoo isa sadaffaa bane immoo, uumamni lubbuu qabu inni sadaffaan, "Kottu!" jechuu isaa nan dhaga'e. Anis achi ilaaleen farda gurraacha tokko arge; inni fardicha irra taa'es madaalii of harkaa qaba ture.*

*Yommus ani wanta sagalee fakkaatu, isa uumama lubbuu qaban arfan gidduudhaa, "Qamadii safartuu xinnoo tokko gatii dadhabbii guyyaa tokkoo, garbuu safartuu xinnoo sadiis gatii dadhabbii guyyaa tokkoo godhi! Ejersaa fi muka wayinii garuu hin miidhin!" jedhu nan dhaga'e.*

*Yeroo hoolichi mallattoo isa afuraffaa bane immoo, sagaleen uumama lubbuu qabuu isa afuraffaa, "Kottu!" jechuu isaa nan dhaga'e.*

*Yommus ani achi ilaaleen farda baalqajjii tokko arge. Inni fardicha irra taa'es maqaan isaa "Du'a" in jedhama, mootummaan warra du'aniis isa duukaa adeeme. Lafa kana irratti harka afur keessaa harka tokko, billaadhaan, beelaan, dha'ichaan, bineensa caakkaatiin akka ajjeesaniif aboon isaaniif in kenname."*

Hafuurri Yihudaa farda adii irra taa'ee akkamitti akka deebi'e dhufe ilaalaa. Inni adii ture. Akkuma Yihudaan baay'ee Yesuusitti siqu, kunis baay'ee dhugaatti siqa. Gonfoon tokko isaaf kenname (isa farda adii irra taa'uuf). Akkamitti? Hafuurri sun amma geggeessaa sirna Niqoolaawotaa keessa jira, innis phaaphaasii gonfoo qara sadii mataatti gonfatee akka Waaqayyootti of fudhatee, 'vicar of Christ' ofiin jedhee, mana sagadaa isaa keessa taa'aa jiru dha. ''Vicar of Christ" jechuun 'bakka Kiristoos' ykn 'iddoo Kiristos' ykn 'bakka Waaqayyo kan bu'e' jechuu erga ta'ee, phaaphaasiin ani Hafuura Qulqulluudha ofiin jedhaa jira jechuu dha, ykn Hafuura Qulqulluu aangoo irraa buusee iddoo Isaa bu'ee hojjechaa jira jechuu dha. Hafuura Yihudaa isa keessa jirutu sana hojjetaa jira. Mee akkamitti akka inni mo'e ilaalaa—inni mo'aa, ammas mo'uudhaaf in ba'e. Kiristoos akkas hin goone. Warri gara isaa dhufan warra Abbaan durumaan yaadan qabe turan. Haafurri kun deemee deemee gaaf tokko naman foonii ta'ee hooganaa Mana Maree Waldoota Addunyaa ta'uudhaan as ba'uuf jira, akkuma duraan jechaa turretti. Warqee isaatiinis (Yihudaan korojoo baataa akka ture yaadadhaa) guutummaa biyya lafaa harka keessa galfata, sirni mormituu Kiristoos kun waan hundumaa dhuunfatuuf waan jiruuf nama hundumaa harka keessa galfachuuf ni yaala. Yesuus garuu deebi'ee dhufee ifa dhufaatii Isaatiin isaan in balleessa. Dhumni isaaniis kuufama ibiddaatti gatamuu ta'a.

Sanyiin dhugaa hoo? Isheen akkuma kanaan dura jennee in taati. Sabni Waaqayyoo ergaa Sagalee Dhugaaa karaa ergamaa bara kanaa dhufeen qopheeffamaa jira. Hafuurri Qulqulluu namoota iddoo isaan jalqaba turanitti waan deebisuuf, guutummaan Guyyaa Pheenxeqooxee ishee keessa in jiraata. Innis,"Isa Gooftaan dubbate" dha.

Innis Yo'el 2:23-26 keessatti dubbatame waan ta'eef, "Kana Waaqayyo dubbateeraa" dha.

*"Isin yaa ijoollee Xiyoon! Waaqayyo qajeelummaa isaa irraa kan ka'e bokkaa isa duraa isiniif kenneera; bokkaa isa duraa, isa booddees akkuma kanaan duraatti waan isiniif kennuuf, Waaqayyo gooftaa keessanitti gammadaa, ililchaas!*

*Oobdiin midhaaniin in guuta, iddoon wayinii itti cuunfanis daadhii wayinitii fi dhadhaa ejersaatiin in guuta.*

*Isa gurmuun hawaannisaa, ilmaan hawaannisaa, geeriin hawaannisaa, qorophisii fi loltoonni jajjaboonni ani isinitti erge sun dur isin duraa fixan, amma iddootti isiniif nan deebisa.*

*Yommus isin nyaattanii in quuftu; maqaa ana Waaqayyo gooftaa keessanii isa dinqii isiniif hojjetees in jajattu; isin sabni koo si'achi deebitanii hin yeellaasifamtan."*

Amma Waaqayyo "iddootti deebisuuf" deema jedha. Barri Luuteraanii waldaa iddootti hin deebisne; barri sun haaromsa jalqabe. Barri Wesleyaaniis iddootti hin deebisne. Barri Pheenxeeqoostaaliis iddootti hin deebisne. Waaqayyo garuu Dubbatee hin haalu waan ta'eef iddootti deebisuu qaba. Kun du'aa ka'uu Waldaa miti; "Iddootti deebi'uudha" malee. Waaqayyo Waldaattii gara Pheenxeqoosxee jalqabaatti in deebisa. Amma hubadhaa, lakkoofsi 25 sababa iddootti deebi'uun nu barbaachisuuf dubbata. Gurmuun hawaannisaa, ilmaan hawaannisaa, geeriin hawaannisaa fi qorophisi jirmaa fi hidda muraasa irraan kan hafe guutummaatti qorqanii fixaniiru. Amma egaa, ilbiisonni kun hundinuu sadarkaa guddinaa garaa garaa qabu malee gosuma tokko akka ta'an nutti himameera. Sirriidhas. Isaanis immoo hafuura mormituu Kristoos isa jaarmiyaa, dinoomineeshiinii fi doktiriinii sobaatiin baroota keessatti mul'atee ti. Egaa hiddii fi jirmi hubame sun iddootti deebi'uuf jira. Waaqayyo waldaa haaraa dhaabuuf deema miti, biqilaa Isaa isuma jalqaba dhaabame gara sanyii midhaan jalqabaatti deebisuuf deema malee. Akka lakkoofsa 23

irratti ibsametti, karaa barsiisiisaa, ykn bokkaa 'isa duraan"tiin sana raawwachaa jira. Itti aansee bokkaa makarii ykn amantiin ol butamuutu dhufa.

Kanaafis amma sa'aatii kanaatti guutumaan guutuutti fiixa ba'iins Maatewos 24:24 isa, "*Yoo danda'ame warra Waaqayyoof fo'aman iyyuu in wallaalchisu*" jedhurra jirra. Warra fo'aman gowwomsuuf kan yaalii godhu eenyu? Maali yoo jettan, hafuura mormituu Kiristoos isa "Masiihotaa sobaa' bara dhumaa kana keessa jiruu ti. Jarri sobduun sun nuyi warra bara dhumaatiif Waaqayyo dibedha jedhanii "Maqaa Yesuus" qabatanii ammumaanuu dhufaniiru. Isaan Masiihi'oota (warra dibaman) sobaa ti. Isaan nuyi raajota ofiin jedhu. Gaaruu namni Sagalicha duukaa bu'u tokko jiraa? Gonkumaa. Isatti dabalaniiru ykn Isa irraa hir'isaniiru. Hafuurri Waaqayyoo kennaa hafuuraatiin isaanirratti hojjechuu namni haalu hin jiru. Garuu akkuma Bala'aam hundi isaanii sagantaa mataa isaanii qabu, sagantaa maallaqa waliiti baafatu, kennawwan hafuuraa ni shaakalu, falmiin tokko yoo nurratti ka'e carraa bu'aa guddaa gara fuulduratti argannuu nu jalaa cufa jedhanii waan sodaataniif garuu Sagalicha ni haalu ykn bira darbu. Haa ta'u malee akkuma Yihudaan hojii Kiristoosiin itti kenname hojjete, isaan kunis fayyina lubbuu fi hiikama foonii humna Waaqayyootiin lallabbu. Garuu sanyii sobaa waan ta'aniif, hafuura sobaatu isaan kakaasa.

Nama amantiitii? Oo, Maaloo! Carraaqqii fi hinaaffaa amantiitiin warra fo'aman caalu, garuu Laa'odiiqeyaaf malee Kiristoosiif miti, sababiin isaas tuuta namoota baay'ee, sagantaa gurguddaa fi milikkita nama rifaasisu barbaaduu waan ta'eef. Dhufaatii Kristoos isa lammaffaa ni lallabu, raajii-ergamaan tokko dursee akka dhufu ni haalu, inni garuu humna, milikkitaa fi mul'ata dhugaatiin isaan hundumaa in golbooba. Ahaa, eeyyee, hafuurri sobaa guyyaa gara dhumaa akka makee hafuura dhugaa fakkaata, Sagalee Waaqayyoo irraa maquu isaa qofatu adda baafamee akka beekamu godha, yeroo mormituu Sagalichaa isaatiin qabamu hundumaatti, yaada nuyi durumaan yaada sobaa ta'uu mirkaneessinetti deebi'ee kufa: "Nuyi ija godhanneerra, hin godhannee? Nutu kan Waaqayyoo ta'uu qaba."

Amma xumuruu keenyaan dura, yaada kaasuun barbaada. Jalqabaa hanaga ammaatti waa'ee Sanyiin Qamadii biyyoo keessa awwaalamuu, achiis biqilee guddachuu, achiis daraaruu, achiis gurra dhugaa ta'uu isaa dubbachaa turre. Kun tarii namni wayii, edaa Luuteraanonni qajeelummaa irratti xiyyeeffataniii waan barsiisaniif Hafuura Qulqulluu hin qabanii jedhee akka raajeffatu gochuu danda'a. Namni Meetodistootaa fi kkf akka raajeffatu gochuu danda'a. Lakki obboo, nuyi akkas jechaa hin jirru. Nuyi waa'ee namoota dhuunfaa ykn waa'ee sabaa dhubbachaa hin jirru, waa'ee BARAA malee. Luuter Hafuura Waaqayoo qaba ture, barri isaa garuu bara rooba bokkaa isa duraa fakkaatuun iddootti deebi'uu guutuu fide miti. Barri Weley, Booth, Nox, Whitefield, Brainard, Jonathan Edwards, Meuller fi kkfnis akkasuma ture. Dhugaadha isaan Hafuura Qulqulluun guutuu turan. Eeyyee, Isaan guutuu turan. Garuu barri tokkoon tokkoon isaanii keessa jiraatan bara iddootti deebisuu hin turre, bara isa dhumaa kanaan ala barri akkasii hin turre, barri gantummaan guutummaatti dukkaneessus baruma isa dhumaa kana. Barri kun bara gantummaati (apostasy), bara iddootti deebisuutis, bara marsaa sadarkaa guddinaa itti xumuramuuti. Bara kanatti, wanti hunduu ni xumurama.

Nuyis waanuma Hafuurri Quqlqulluun tokkoon tokkoon baraatiin, "Namni gurra qabu isa Hafuurri Qulqulluu waldoota kristaanaatiin jedhu haa dhaga'u" jedhe qofa jechuudhaan Baroota Waldaa Torbanii xumurra.

Hafuurri Waaqayyoo akka nutti dubbachaa ture garaa guutuudhaan nan amana, dhugummaa barootaa qofa nu barsiisaa ture miti, amantii guutuudhaan laphee warra tarii gara Isaatti deebi'aniittis dubbachaa ture malee. Sababiin guutuumaan isaa lallabas barsiisas ta'eefis kanumaafi, lallabaa fi barsiisa Sagalichaa keessatti hoolonni sagalee Waaqayyoo dhaga'uudhaan Isa duukaa bu'u waan ta'eef.

Namoonni akka na hordofaniif, ykn waldaa kootti akka makamaniif, ykn feeloshiippii fi jaarmiyaa wayii akka hundeessaniif, an gonkumaa ergaa gara isaaniitti hin fidne. Ani takkumaa kana hin goone, hin godhu. An fedha waan akkasii hin qabu, fedha Waaqayyo fi fedha sabaan qaba malee, fedha Waaqayyoo keessaa tokko yoon fiixaan baase isa garaa na ciibsa. Wanti tokkichi sunis hariiroo hafuuraa dhugaa Waaqayyoo fi namoota gidduutti hundeeffame arguudha, kan jechuunis namoonni Kristoos keessatti dhaloota haaraa ta'uu, hafuura Isaatiin guutamuu fi akka Sagalee Isaatti jiraachuu arguudha. Yeroo kanatti namni hunduu Sagalee Isaa akka dhaga'uuf nan affeera, nan kadhadha, nan akeekkachiisas, akkasumas akkuman jireenya koo Isaaf keennuu koo garaa guutuudhaan amanu, isinis jireenya keessan guutummaatti Isaaf kennaa. Waaqayyo isin haa eebbisu, dhufaatiin Isaas garaa keessan haa gammachiisu.

www.messagehub.info

Kan Lallabame

# Wiiliyaam Maariyoon Biraanhaamiin

"Bara malakanni... afuufamutti garuu..." Mul. 10:7